# QAACCEESSA GEERARSA RAKKOO HAWAASAA IBSUUF OOLAN

**QORATAAN: QAJEELAA EFESOON**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**
**AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI QUNNAMTIIN**
**GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FI FOOKILOORII**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA,**
**JOORNALIZIMII FI QUUNNAMTII.**
**YUUNIVERSITII FINFINNEE**

**FULBANAA, 2014/2021**
**FINFINNEE**

# QAACCEESSA GEERARSA RAKKOO HAWAASAA IBSUUF OOLAN

**QORATAAN: QAJEELAA EFESOON**

**GORSAAN: TAADDASEE JAALLATAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**
**AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI QUNNAMTIIN**
**GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FI FOOKILOORII**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA,**
**JOORNALIZIMII FI QUUNNAMTII.**
**YUUNIVERSITII FINFINNEE**

**FULBANAA, 2014/2021**
**FINFINNEE**

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Baafata ........ i
Galata ........ iii
Axareeraa ........ iv
BOQONNAATOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seen-duubee Qorannichaa ........ 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 2
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 2
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 2
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 2
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 3
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 3
1.6. Ibsa Naannoo ........ 3
1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 4
BOQONNAA LAMA ........ 5
SAKATTA'A BARRUU ........ 5
2.1. Maalummaa Afoolaa ........ 5
2.2. Amaloota Afoola ........ 6
2.2.1 Hurruubummaa ........ 6
2.2.2. Lufummaa ........ 6
2.2.3. Uummatummaa ........ 7
2.2.4. Jijjiramummaa ........ 7
2.2.5. Miidhagummaa ........ 7
2.3. Faayidaa Afoolaa ........ 7
2.3.1. Afoola Akka Madda Beekumsatti ........ 8
2.3.2.Afoola Aadaa Hawaasaa Tursuu Keessatti ........ 8
2.3.3.Afoola Gama Barsiisuutiin ........ 8
2.3.4. Afoola Gama Bashannansiisuutiin ........ 8
2.3.5 Afoola Gama Ibsuutiin ........ 8
2.3.6. Afoola Gama To'achuutiin ........ 9
2.3.7. Afoola Gama Miliquutiin ........ 9
2.4. Gosoota Afoolaa ........ 9

2.5. Maalummaa Geerarsaa ........ 9
2.6. Faayidaa Geerarsaa ........ 10
BOQONNAA SADII ........ 11
MALA QORANNICHAA ........ 11
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 11
3.2. Madda Ragaalee ........ 11
3.3. Jamaa Qorannichaa ........ 11
3.4. Iddattoo fi Mala Iddatteessuu ........ 11
3.4.1. Iddattoo ........ 11
3.4.2. Mala Iddatteessuu ........ 12
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 12
3.5.1. Afgaaffii ........ 12
3.5.2. Marii Garee ........ 12
3.5.3. Sakatta'a Dokimantii ........ 12
3.6. Mala Qaacceessa Odeeffannoo ........ 13
BOQONNAA AFUR: QAACCEESSAA FI DHIHEESSAA RAGAALEE ........ 14
4.1. Ergaa Geerarsa Rakkoo Hawaasaa Ibsan ........ 14
4.2. Ergaa Geerarsa Rakkoo Hawaasaa Ibsuuf Oolan ........ 14
4.2.1. Ergaa Geerarsa Hawaasaa Gama Dinagdeen ........ 14
4.2.2. Ergaa Geerarsa Gamaa Siyaasaan ........ 17
4.2.3. Ergaa Geerarsa Rakkoo Hawaasaa Ibsan Gama Hawaasummaan ........ 21
4.3. Ergaa Ifaa fi Dhokataa Geerarsa Rakkoo Hawaasaa Ibsan ........ 24
BOQONNAA SHAN ........ 26
GUDUUNFAA, ARGANNOO FI CUUNFAA QORANNICHAA ........ 26
5.1. Guduunfaa ........ 26
5.2. Argannoo Qorannichaa ........ 26
5.3. Yaboo Qorannichaa ........ 27
WABIILEE ........ 28
DABALEWWAAN ........ 29
Dabalee''A'' ........ 29
Dabalee''B'' ........ 30
Dabalee''C'' ........ 31

# GALATA

Duraan dursa waaqayyo Isa karaa hundumaan fayyaa naaf kennee hojii kana akkan hojjechuu danda'uuf na gargaareef galanni haa ta'u.

Itti aansuun galma ga’iinsa qorannoo kanaatiif jalqabaa hamma dhumaatti gorsa ogummaan deggersa kan naaf taasisaan Dr. Taaddasee Jaallataa guddaan isaan galateeffadha.

Akkasumaas, maatii koo qorannoo kana irratti mallaqaa fi yaadaan na jajjabeessaa hamilee natti horanii akkan sadarkaa kana ga'uuf gumaacha naaf godhaniif galannin qabuuf guddaadha

Dabalataaniis, qorannoon kun akka galma ga’uuf odeeffannoo mallaqni bituu hin dandeenye maanguddootaa fi namoota odeeffannoo naaf kennan kan godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa hundaaf galanni koo daangaa hin qabu.

Dhuma irratti barsiisota Muummee Afaan Oromoo fi Og-barruu Yuunivarsiitii Finfinnee fi hiriyoota koo  deggersa yaadaan na dhaabbattan naaf taasisaniif galanni koo dachaadha.

**Axareeraa**

*Qorannoon kun qaaccessa ergaa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsan kan godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa irratti kan xiyyeeffateedha.Qorannoo kanaaf ka'umsa kan ta'ee geerarsi rakkoo hawaasaa ibsan hawaasicha keessatti bifa afoolaan kan jiruu yoo ta'uu xiyyeeffannaa hinarganne.Kanaafuu,xiyyeeffannoon qoraannoo kana ergaa geerarsa rakkoo hawaasaa kana qaacceessuudha.Malli qorannoo kanaa dhimma itti bahame mala qornnoo akkamtaati.Ergaan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsanii hubatameera.*

# BOQONNAATOKKO: SEENSA

Qorannoon tokko qabata geggeeffamuuf qaba. Kunis qorannicha geggeessuuf maaltu gaaffii akka ta'eefi gaafficha deebisuufis galma wixineeffachuun adeemsifama. Bu'uuruma kanaan boqonnaa kana keessatti qorannoon kun qabxiilee akka seenduubee, ka'umsa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa irratti akka geggeeffamu ni heera.

## 1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Ogafaan damee ogomaa keessaa tokko ta'e afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha.Kunis aadaa,duudha,safuu,barsiifataafi seenaa saba tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsu jechuudha.Ogafaanni ibsituu aadaa calaqqisiftuu eenyumaati. Kun kan hubachiisu afoola beekuun aadaa beekuu,aadaa beekuun jireenya dhuunfaafii hawaasaa beekuurra darbanii ofbekuudha.Afoolli beekumsaa fi amantaa aadaa hawaasichaa jechaa fi afaaniin kan dabarsuudha.Kana jechuun uummanni Oromoo bara durii eegalee hanga har'aatti afoollii ibsituu aadaa isaafi mil'istuu eenyumaa ta'u gadi fageenyaan waan hubateef karaa garaa garaatiin dabarfata jechuudha. Afoollii muuxxannoo yeroo dheeraaf dhalli namaa kuufate ta'e kan ilmi namaa jiruuf jireenya isaa keessatti kan isa quunname,kan isa mudate,gammachuu,gadda,aadaa, duudhaa,seeraa fi eenyummaa isaa haalaa adda addaatiin dabarsuudha.(Geetachoo,1998).

Akkuma beekamu afoolaan dhalli namaa haala akkami keessa jiraachaa akka turee fi maaliin jiraachaa akka ture ifa baasuu fi irraa barachuun nidanda'ama.Afoollii damee gurguddoo lamatti qoodama.Isaanis:walaloo fi yeedaloodhaan kan darbaniidha.Haalaa walaloon kan darbu keessaa inni tokko geerarsadha.Geerarsi uummata Oromoo biratti beekamaa fi jaallatamaa kan ta'ee fi namoonni gadda,gammachuu,jaalaala,jibba,roorroo,rakkoofi kan kana fakkaataan kan ittiin ibsataniidha. Geerarsi onnee namaa kakaasuu fi daddamaqsuun gara raawwii waan tokkootti akka ce'amu kan taasisu gooree afwalaloo keessaa isa tokkodha.(Misgaanuu,2011) kana jechuun namni tokko raawwachuuf kan sodaatee duubatti deebi'e geerarsi isa onnachiisuudhaan onnee itti horee sodaa kuusan sana ofkeessaa balleesuun hojii isaa akka itti fufuu taasisuun gahe olaanaa qaba.Kanuma irraa ka'uun,xiyyeeffannoon qorannoo kanaa ergaa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan qaaccessuudha.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Ummanni Oromoo durii jalqabee wal'aansoo jireenyaa keessattis ta'e yeroo rakkoon isa mudatu kan inni ittiin ibsatu meeshaan filannoo hinqabne geerarsadha.Haata'u malee, geerarsi dhiibbaa gama amantaa fi tekinooloojiitiin isarra gaheen yeroo hammaa kana gara dagatamuutti deemaa jira. Kana irraa baraaruudhaaf namoonni gara garaa qorannoowwan adda addaa irratti geggessani jiru. Isaan keessaa kanneenakka: Biqilaa (2010)xiinxala ergaa bara mootii Kumsaa Morodaa Godina Wallagga Baha Aanaa Naqamteettii hojjetameera,Jiraataa (2004)

Qaacceessa ergaa geerarsa ajjeessaa Godina Iluu Abbaa Booraa Aanaa Mattuu bifa qorannootiin lafa ka'ameera. Hanga hubannoo qorataan kanaati qorannoowwan geerarsa Oromoo irratti hojjetaman hamma sakatta'etti hanga hammaatti qorannoo geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuufoolan irratti kan adeemsifame hinjiru.Kana bu'uura godhachuun qorannoo kana akka geggeessuuf isa kakaasera.Itti dabalees,geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan kan Aanaa Boojji Coqorsaa keessa jiru sakatta'e dhaloota dhufuuf barreeffamaan kaa'uutu isa kakaase.Walumaa galatti gaaffilee qorannoon kun deebisuuf deemuus,

- Geerarsa rokkoo hawaasaa ibsuuf oolan maali?
- Gerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan kan akka akkamiiti?
- Ergaa ifaafi dhokataan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuu maali?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon bakka gurguddaa lamatti qoodama.isaanis kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree jedhamuun beekamu

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon qorannoo kanaa qaacceessa qabiyyee geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan kan Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa irratti kan geggeeffame yoo ta'u Maalummaa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan ibsuudha.kana malees geerarsi rakkoo Hawaasaa Ibsuuf oolan Afoola oromoo keessa isa tokko waan ta'eef, Ergaa fi bu'aa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan kan Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa funaanuun qaacceessudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

- Geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan adda baasuu
- Geerarsi rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan tarreessuu
- Ergaa ifaafi dhokataa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan ibsuu

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu geggeeffamu bu'aa tokko argamsiisuu qaba.Qorannoon kun mana dubbisa kitaabaa keessa yoo ka'ame faayidaalee armaan gadii nii kenna jedhamee yaadama.

- Qorattoonni qorannoo dhimma kana fakkaatu irratti adeemsisuu barbadaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.
- Barattoonni yookiin dubbistoonni qorannoo kanayoo dubbisan ergaa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolu hubachuu danda'u.
- Qorannoon kun waajjira Aadaa fi Turiizimii galee Ergaan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuu maal akka ta'e labatni yookaan dhalootni dhufu hubachuu danda'u.
- Haalli hawaasni itti fayyadama aadaa bifa Afaaniin qofa jiru barreeffamaan yeroo argan aadaa irraanfatani akka yaadataniif gargaara.
- Haala miidiyaaf toluun hawaasaaf dabarsuun gurra uummataan ga'uun hawaasni aadaa isaa beekuun akka ofitti amanamummaa afoolarratti qabaatuuf fayyada.walumaa galatti geerarsi rakkoo Hawaasaa Ibsuuf oolan walitti sassaabame dhiyaachuun qaamolee qaacceessa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan beekuu barbaadaniif akka fayyadu gochuufidha.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kun adeemsifame qabiyyee isaatiin ergaa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan yeroo ta'u bakka isaatiin immoo Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa irratti kan xiyyeeffatedha.Sababni qorannoo kun haala kanaan daanga'eef uummannii Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa haalaa teessumaa bal'aa waan qabuuf haalaa qabiyyeenis ta'e bakkaan kan daangeffameef haala yeroo fi maallaqa qorannchaa deemsisuuf waan barbachisuuf kana bu'uura gadhate qorataan kan daangesseedha.

### 1.6. Ibsa Naannoo

Magaalaan Boojji Coqorsaa Godina Wallagga Lixaa keessatti argamti. Magaalaa guddoo Oromiyaa Finfinnee irraa kiloo meetira 498 fagaate argamti. Magaalaan Kun karaa bahaan Aanaa Boojji Dirmajji fi Aanaa Laloo Assaabii, karaa Lixaa Aanaa Jaarsoo fi Aanaa Najjoo, karaa kibbaa Aanaa Laloo Assaabii fi Aanaa Gullisoo, karaa kaabaa Aanaa Boojji Dirmajjiitiin daangeffamtee argamti.Haalli qilleensa ishee Badda daree dhibbeenta 96% fi Baddaa dhibbeenta 4% yemmu ta'uu, baay'ina gandoolee 21, akkasumaas gandoota magaalaa lama(2) qabdi.

Baay'inni uummata ishee dhi,74,827 fi dha, 61,834 yoo ta'u; walii galatti 136,661 ta'a.uummanni kunis uummata Oromooti.jireenyi uummata kanaa irra jireessa qonna irratti kan hundaa'eedha.midhaan aanicha keessatti oomishaman dhibbeentaadhaan; midhaan agadaa 68%, biilaa, 15%,dheedhii 9% buna 52% fi zayitaa 7%, jechuudha.Haalli teessuma lafa ishee gaarren, laggeen, fi kkf of keessaa qabdi.gaarren akka; Tulluu Kubbur, koonnoo, Gaara Yaaddeessaati. Laggeen ammoo; kan akka Laga Eebichaa, Laga Elellee, Laga Soobiir, Laga Suubboo fa'a of keessaa qabdi.

Waluma galatti seenaan magaalaa Boojji Coqorsaa gabaabinaan kana fakkaata.

**1.7. Hanqina Qorannichaa**

Hojii kamuu keessatti hanqinni nama mudachuun waanuma jiruudha.Hojii qorannoo kana keessatti qorataa kan mudate, hanqina yeroo,hanqina baajataa fi kitaabilee gahaa mata duree kanan walqabatan dhabuu akka hanqinaatti qorataa kana mudataniiru.

Ta'us qorataan kun hanqina kana sababeeffatee qorannoo kanaa dhiisee duubatti utuu hin deebiin waan qorannoo kanaaf barbaachiisuu gumachuun qorannoo kanaa geggeessuu danda'eera.

# BOQONNAA LAMA

# SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Maalummaa Afoolaa

Maalummaa afoolaa ilaalchisee beektonni garaagaraa hiika adda addaa lafa kaa'anii jiru. Afoola beekuun aadaa beekuudha. Aadaa beekuun ammoo jiruufi jireenya dhuunfaafi hawaasaa beekuurra darbee of beekuudha. Afoolli gocha duudhaa, barsiifataafi kkfdhaan afaaniin ykn barreeffamaan dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufeedha. Haaluma walfakkaatuun Dassee(1999:245)yammuu ibsu "oral litrature refers to the verbal heritage of marking transmitted from generation to generation by mouth"jedha.

Yaada kana irraa kan hubannu afoolli hambaa ilma namaa ta'ee, afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbu akka ta'eedha. Walumaagalatti, yaadoleen armaan olii kan nama hubachiisan afoolli yeroo durii irraa kaasee aadaa, seenaa, duudhaafi jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqisiisaa dhufeefi afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufeedha.

Gosti afoolaa kunis kanneen akka mammaaksaa, hibboo, sirba, geerarsa, faaruu, oduu durii, sheekkoo, himamsa gootaafi tapha ijoollee fa'a kan ofkeessaa qabuudha. Akkasumas, haalli jiruufi jireenya dhala namaas kanneen keessaan kan mul'atuudha. Kana malees beektonni garaagaraa akkuma dirree buukumsaa keessa jiranitti afoolaaf hiika adda addaa kennanii jiru. Simsfi Stephens(2005) akka jedhanitti "afoolli gosa beekumsaa kamuu afaaniin daddarbu kan akka muuziqaa, seenaa tartiibaan himamu ykn bifa seenessuun dhiyaatu kan hawaasni amantaa qabu ittiin ibsatu ofkeessaa akka qabu lafa kaa'u".Akka yaada namoota kanaa irraa hubannutti, afoolli gosa ogbarruu himamsaa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe akka ta'eedha. Addaa addummaa aadaafi eenyummaa hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu ta'ee seenaafi mudannoo sabni sun dabarses mul'isuu danda'a.

Dabalataanis Amaaree(1999:8)yoo ibsu "afoolli riqicha seenaa dhaloota itti aanuuf dabarsuudha. Goorowwan afoolaa haala ittiin dhiyaataniin garaagara haa ta'an malee, hundi isaanii dhoksaa gadi fagoofi falaasama hedduun kan badhaadhaniidha" jedha. Adeemsa dhalootaa dhalootatti darbaniinis walitti ni dhiyaatu. Yaada kanarraa kan hubannu afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa'ee afaaniin himamu akka ta'eedha. Kana jechuun, haalli kuufamaafi lufiinsi afoolaa

himiinsa afaaniin dhugooma malee barreeffamaan miti. Akka Fennigan(1977:3)ibsutti, "afoolli ogbarruu ummata afoolawaati-duudhaa afaaniin jiraatuudhas. Afoolli barreeffamaan waan hin jirreef garuu yeroo dheeraaf akka kalaqa sammuu ta'etti hin fudhatamne; gosa ogbarruu keessattis hin ramadamu ture. Haa ta'u malee, barreeffama caalaa humna sammuu namaa hawwatu waan qabuuf ogbarrummaansaa mirkanaa'eera" jedha.

Akka Abarraafi Kaawwan(1999:121)ibsanitti "Afoolli aadaa hawaasa tokkoo calaqqisiisuu keessatti bu'aa guddaa qaba. Sadarkaa jireenya hawaasa tokkoo kan mul'isu, fedhii, gadda, gammachuufi bu'aa bayii dhala namaa kan ifa godhu, daawwitii jireenyaati"jedhu. Akka yaada kanarraa hubannutti afoollii kaleessa ummata tokkoo yaadachiisee, haala inni amma keessa jiru quba qabsiisuun egeree isaa tilmaamsisa. Afoolli bakka ummanni walga'utti himama; kan raawwatuufi kan daawwatutu jira. Hawaasni gaddafi gammachuu, hawwiifi kufaatii, deggersaafi mormii qaban afoolaan ibsatu.

Mulugeetaa(2014) Beier(1966) wabeeffachuun akka ibsutti "afoola bu'uura godhachuun ogbarruu barreessuun ni danda'ama. Ciigoon, mammaaksi, oduun durii, hibboon, ogbarruu keessatti akka mi'eessituutti galee tajaajila" jedha. Kana irraa kan hubannu afoolli bu'uura waan hundaa akka ta'eefi afoola malee waa hojjechuun akka hin danda'amneedha.Walumaagalatti, afoolli jiruufi jireenya ummata kamiiyyuu keessatti ga'ee guddaa bahuu ni danda'a.

## 2.2. Amaloota Afoola

Afoolii Amaloota ittin beekamu hedduu qaba. Isaanis,

### 2.2.1 Hurruubummaa

Hurruubummaan amaloota afoolaa keessaa isaa tokko ta'ee, kan afoolaatii lubbuu horuun akka jiraatu taasiisuudha. yaada kana ilaalchisee wasaneen (2008:23) irratti yommuu ibsu "hurruubummaan Amaloota Afoola keessa isaa bu'uuraati,Kanaafuu Hurruubummaan Afoolatti lubbuu kan horuu dha" jedha.

### 2.2.2. Lufummaa

Amalli kun Afoolli dhalootaa dhalootaati darbuu karaa Adda addaattiin darbuu danda'a.Misgaanu (2011:30) you ibsuu "afoolli karaa lamaan dhalootaa dhalootattii lufuu danda'a

ogafaan akka mammaaksaa, oduu durii, hibboo, faaruu fi kan kana fakkaataan jechaan kan darban immoo sirba, geelloo, ateetee fi kan kana fakkataan.jechaa fi gochaan darbu"jedha.

### 2.2.3. Uummatummaa

Ogafaan qabeenya hawaasa keessa isaa angaafaati. Kunis kan Hawaasni waliin itti fayyadamuu fi abbummaan isaa kan hawaasichaati. yaada kana ilalchisee wasaneen (2008:48) yoo ibsuu "ogafaan Afaaniin dhalootaa dhalootaati kan darbu hambaa hawaasaati.kunis ogafaan qabeenya hawaasati "jedha. kunis kan ibsu ogafaan qabeenya hawaasa ta'uu fi Uummata ta'uu isaa ibsa.

### 2.2.4. Jijjiramummaa

Ogafaan Amala jijjiiramaa niqaba .kunis Afaaniin dhalootaa dhalootaati waan darbuuf adeemsuma kana Keessatti irraa hafaa yookaan itti dabalamaa adeema. irraa hafuu yookiin itti dabalamuun kun immoo jijjiramummaa ogafaanii ibsa. yaada kana Bashaan (2008:167) yoo ibsuu "Afoolli Amala Jijjiramummaa fi saaxilamaadha sababni isaas hawaasni sun qaama addaa addaatiin jijjiramuu waan danda'uu f "jedha.kunis kan ibsu akkumaa adeemsa dinagdee siyaasafi hawaasummaan hawaasa tokko jijjiramuu ogafaaniis Jijjiramaa deema jechuudha.

### 2.2.5. Miidhagummaa

Miidhagummaan Amaloota ogafaanii keessa isaa tokko ta'ee fudhatamummaa fi jaallatamaa ogafaanichaa sammuu namaa keessati bakka olaanaa kan qabuudha. Haaluma kana ilaalchisee wasaneen.(2008:168) yoo ibsuu "miidhagummaan haala ogafaan sun Miira sammuu ilma namaa hawaachuu danda'uun dhiyaachuu isaa mul'isa"jedha. Kana jechuun ogafaan tokko ergaa yookiin dhaamsa haala ifa ta'een yoo dabarseef sammuu namoota keessati gammachuu fi jalaala kan Uumuu yoo ta'uu miidhagummaan bakka bu'uudha.

## 2.3. Faayidaa Afoolaa

Afoolli kuufamaa fi eenyumaa saba tokko waan ta'eef,haala jiruuf jireenya sabichaa ni calaqqisiisa.Kunis faayidaaa foolli qabu daran hubachiisa.Kanaafuu,afoolli faayidaa gurguddoo kanneen armaan gadii qaba.

### 2.3.1. Afoola Akka Madda Beekumsatti

Afoolii madda beekumsaa isa olaanaadha.Kanaaf afoolli ijoolleef barumsaa barumsaa fi beekumsa afaaniif qooda guddaa qaba.Kunis naanoo barsiisuu,dandeetii waaqabachu guddisuu,arraba hiikuu,seeraa fi miidhagina afaanii barsiisuun,beekumsa jechootaa bal'isuun ibsa tokkorra isa birootti beekumsa dabalataa kennaa kan deemuudha.(Misgaanuu,2011).

### 2.3.2.Afoola Aadaa Hawaasaa Tursuu Keessatti

Afoolli aadaa hawaasaa tursuu keessatti qooda guddaa qaba.Afoolli kaneen akka mammaksaa, hibboo, ciigoo, sirba,oduu durii,geerarsaa fi kan kana fakkaatan dabarsanii barsiisuuf aadaan sabichaa akka tuuruu fi darbu godha. (Wasanee,2002).

### 2.3.3.Afoola Gama Barsiisuutiin

Afoollii afaan barsiisuu keessatti shooraa olaanaa qaba.Kunis afoolli eenyummaa, aadaa,duudhaa,quuqama,fedhii,abdii,ilaalcha,haala juruuf jireenya hawaasa tokkoo calaqisiisuurra darbee dhaloota haaraa barsiisuun tajaajila guddaa kenna.(Geetaachoo,2008) Falaasama kana deegaruun Misgaanuun(2011),"Afoolatti gargaaramuun hawaasni Oromoo dhaloota haaraa aadaa,seenaa,seera ittin bulmaataa barsiisaa turee.Kanaafuu,afoolli aadaa fi duudhaan kuusaa muuxannoo hawaasaa jaarraa hedduu barsiisaa.Kunis naannoo isaanii barsiisuun akka ofis beekanii fi tokkummaa akka qabaataniif walii akka yaadanii fi nageenyi gidduu isaanii akka ta'uuf nigargaara.

### 2.3.4. Afoola Gama Bashannansiisuutiin

Afoolli hawaasni tokko akkuma seenaa isaaitti dabarsu irra gataa wanta itti dhaga'ame ta'uu Geetaachoon (2008) yeroo ibsu,"Afoolli jireenya hawaasaa,duudhaa,aadaa, seenaa fi amantii akkasumas kabaja hawaasni tokkoo irratti qabu akuma agarsiisa haara galfachiisuufi bashannansiisuuf illee hawaasni itti tajaajilama.

### 2.3.5 Afoola Gama Ibsuutiin

Akka Wasaneen (2008:170) Ibsuutiin"ibsuu gaaffilee naannoo keenya irraa ka'aniif deebii kennaa, wantoota naannoo adda addaatti argaman irraa hubannaa cimaa ta'e tokko

dabarsa"jedha.Yaadni kun kan hubachiisu wantoota naannoo keenyatti gaaffii nama keessatti uumaniif deebii laata jechuudha.

### 2.3.6. Afoola Gama To'achuutiin

Hawaasni amaloota gadhee ta'an akka balaalleffatan,amaloonni gaarii ta'aniif fudhatama qaban ammoo akka cimanii akka itti fufan taaaisa.Yaada kana ilaalchisee Wasaneen (2006:72)"Afoolli amaloota gadhee ta'an balleesuun,gowwummaa dhabamsiisuun abshaalummaa kan barsiisuu ta'uu isaati"jedha.walumaa galatti afoolli safuu hawaasaa eeguu keessatti gahee olaanaa qaba.

### 2.3.7. Afoola Gama Miliquutiin

Ilmi namaa jiruuf jireenya isaa keessatti bu'aa ba'ii isa mudatan jalaa sammuu isaa boqochiisuu barbaada.Yaada kana ilaalchisee Wasaneen (2006:71) yemmuu ibsuu"jireenya nuffisiisa Jala gara waan nama boqochiisuutti harkifamuudha" jedha.akka yaada kana irraa hubannutti miliquun jireenya ulfaataa ykn jireenya jibbisiisaa ta'e jalaa gara waan nama bahaarsuutti ce'udha.

## 2.4. Gosoota Afoolaa

Afoolli akkuma ogbarruu barreefamaa gosoota adda addaa qaba.Kunis faayidaa fi unka irratti hundaa'un hayyoonni adda addaa bakka adda addaati qoduun yaaduma kana Misgaanuun yoo ibsu afoola kana jedhanii qooduun ulfaataa ta'uyyuu bifa hololoon (sheekkoo, durdurii,baaccoo) unkaalee gaggabaaboon immoo (weeduu,jaalala,hojii, faaruu loonii,faaruu boo'ichaa,faaruu gootummaa,sossobbii daa'imanii,geerarsaa fi kanneen kana fakkaatan jedhe qoode. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa immoo ergaa geerarsa rakkoo hawaasa ibsuuf oolan qaacceessuu irratti kan xiyyeeffateedha.

## 2.5. Maalummaa Geerarsaa

Geerarsi onnee namaa kakaasuu fi dadammaqsuun gara raawwii waan tokkootti akka ce'amu kan taasisu gooree afwalaloo keessa isa tokkodha.Geerarsi hawaasa Oromoo biratti gaddaa fi gammachuu kan ittiin ibsatan yeroo waraanaa,yeroo tapha,yeroo adamoo,yeroo cidhaa,yeroo rakkinaa fi kanneen kana fakkaatan kan ittiin ibsataniidha. Misgaanuu (2011) yaada kanarraa wanti hubatamu geerarsi miira hawaasaa tuttuquun akka onnatanii waan tokko raawwatan kan

taasisu ta'u ibsa.Geerarsi aadaa Oromoo keessatti baay'ee beekamaadha.Sababni isaas namoonni dhageetti keessoo isaanii aarii, gaddaa, gammachuu fi rakkina ittiin ibsatu. (Fedhesaa,2013)

### 2.6. Faayidaa Geerarsaa

Dhimmoonni geerarsaan darbu kan lakkofsaan lakka'aman ykn  kan guutummaatti dhiyeessuun danda'amu miti.Geerarsaan gammachuu,komee,roorroo,rakkina, bu'a ba'ii jireenyaa fi kan kana fakkaatan ibsuuf faayidaa guddaa qaba.Yeroo geerarsi jalqabamu wantoota dur ta'anii darban akka waan ho'aa hamma raawwateetti kan namaatti miira dhageesisu deebistuu miira uumataati.Kan dhama'e iddoo yaade osoo hinga'in karaatti hafe,kan firri tuffatee sababa fayyummaa isaatiin gad kan ilaalame, biyyaa ba'e biyyatti deebi'u kan dadhabe,akka ala buletti kan hafe kana hundumaa kan furgaafatu geerarsaaniidha.(Misgaanuu,2011) Geerarsi Oromoo rakkoo ibsuu kan danda'u yeroo rakkinaa,yeroo hiyyummaa,yeroo muddamaa kan geeraramuudha. Kana jechuun geerarsi wanta keessa namaatti dhaga'amuu kan ittin ibsatan keessaa isa tokko ta'u isaa ni hubanna. Xiyyeeffannoon qoranoo kanaa immoo faayidaawwan geerarsaa hedduu jiran keessaa geerarsa rakkoo hawaasa ibsuuf oolan irratti kan fuulleffatuudha.

# BOQONNAA SADII

# MALA QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf gosti qorannoo dhimma itti bahame gosa qorannoo akkamtaati.Sababni isaas,dhimma aadaa hawaasaan walqabatan qorachuuf mala mijataadha.yaada kana ilaalchisee Addunyaa(2011:60) yoo "ibsuu malleen qorannoof bu'uura ta'an keessaa tokko mala qorannoo akkamtaati" jedha.Kanaaf qorataan qorannoo kana irratti odeeffannoo sassaabamu jechaan ibsa.Qorannoo kana geggeessuuf malli dhimma itti bahame mala qorannoo addeessaati.Sababni isaas waa'ee waan qoratame sanaa gadifageenyaan qorachuun haala sirriitti hubatamuun dhiyeessuun nidanda'aama.

## 3.2. Madda Ragaalee

Maddi ragaa qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame madda ragaa tokkoffaa fi madda ragaa lammaffaadha.Maddi ragaa tokkoffaan qorannoo kanaa maanguddoota Godina wallagga lixaa Aanaa Boojji Coqorsaa waa'ee geerarsa rakkoo hawaasa ibsuuf oolan irratti hubannoo gahaa qabaniidha.Maddi ragaa lammaffaan immoo,sakatta'a barruulee dhimma kanaan walqabatan adda addaati.

## 3.3. Jamaa Qorannichaa

Jamaan qorannoo kanaa hawaasaa Oromoo Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa kan ta'aniidha.

## 3.4. Iddattoo fi Mala Iddatteessuu

### 3.4.1. Iddattoo

Qorannoo tokko geggeessuuf namoonni odeeffannoon irraa sassaabame jiraachuu qaba. Kanaafuu, qorannoo kana geggeessuuf namoonni odeeffannoon irraa sassaabame,hawaasaa Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa kaassa jiraatan, maanguddoota fi hojjetoota waajjira aadaaf tuuriziimii waa'ee geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan irratti hubannoo gahaa qaban irratti.

### 3.4.2. Mala Iddatteessuu

Sababoota adda addaa irraan kan ka'e yemmuu qorannoon geggeeffame hawaasa qorannichi irratti geggeeffame hudarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa ta'a.Kanaafuu,qorataan kun namoota odeeffannoo irraa fudhate malli inni ittiin filate miticarraa jedhama.Mala iddatteessuu mitcarraa keessaa immoo mala darbaan dabarsaati.Sababni isaas mala kanaan odeeffannoowwan funaanaman hanga wal fakkaataa ta'an itti deemuun waan danda'amuufiidha.

## 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorataan qorannoo kana geggeessuuf malleen inni odeeffannoo ittiin sassaabate Afgaaffii,marii garee fi sakatta'a dokimantiiti.Sababni isaas qorannoon kun qorannoo akkamtaa waan ta'eefiidha.

### 3.5.1. Afgaaffii

Yaada kana ilaalchisee Dastaan(2010) yemuu ibsu afgaaffiin malleen odeeffannoo ittiin funaanamu ta'e kan qorataa fi odefkennitoonni fuulaa fi fuulatti wal arguun odeeffannoo funaanamuudha.Kanaafuu,qorannoo kana geggeessuuf afgaaffii gamisaan caaseffamaatti dhimma bahama.Sababni isaas qorataan kun odeeffannoo kana yemmuu sassaabu gaaffilee kana akka hin irraanfaneef gababsee barreeffete yemmuu namoota odeeffannoo isaaf kennan bira ga'u immoo babal'isee waan gaafatuufiidha.

### 3.5.2. Marii Garee

Mariin garee malleen odeeffannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokkodha.Mariin garee namoota walatti qabuun mariisisuun yaada isaan bakka bakkatti mariyatan walitti fiduun qaacceessuuf odeeffannoo akka argatuuf kan fayyadaniidha.Kanaafuu, qorannoo kana adeemsifame hawaasaa Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa kaassaa namoota waa'ee geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan irratti hubannoo gahaa qaban mala barbaachisuun namoota kudha lama erga filate garee afuritti qooduun marsaa sadiif sa'ati lama lama akka mariyatan taasiftee odeeffannoo funaannatuudha.

### 3.5.3. Sakatta’a Dokimantii

Adeemsa qorannoo fi qo'annoo geggeessuu keessatti ragaalee yookaan dokimanti kallattiin sakatta'uun qabatamummaa odeeffannoo tokkoo kan mirkaneessuudha. Haalumaa kanaan waajjira aadaa fi tuuriziimii Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Coqorsaa keessatti dhimmoota kana ilaalchisuun barreeffamaan jiran akkasumas, kitaabilee naannichaa beeksisuuf

maxxanfaman sakatta'aanii qaacceeffamuun qo'annoo fi qorannoo kanaaf madda guddaa ta'u danda'u.

### 3.6. Mala Qaacceessa Odeeffannoo

Malleen qaacceessa odeeffannoo keessaa kan dhimma itti bahame akkamtaadha. Akkamtaan qorannoo geggeeffame keessatti gaaffilee maalif, akkamitti jedhaniif deebii kenna. Akkasumas, odeeffannoo argame immoo jechaan ibsuudha.

# BOQONNAA AFUR: QAACCEESSAA FI DHIHEESSAA RAGAALEE

## 4.1. Ergaa Geerarsa Rakkoo Hawaasaa Ibsan

Geerarsi afwalaloo hawaasaa Oromoo biratti bal'inaan beekamu keessaa isa tokkoodha. Uummanni Oromoo yaada keesso isaa jiruu baasuun kan ergaa isaa dabarfatu geerarsan.Ergaan isaa kunis kan irratti hundaa'uu haala jireenya hawaasaa kan namichi keessa taa'e geerare irratti hunda'a.Ergaan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsanis sababa garaa garaa irraan ka'uun geerarama.Dhimmaa geeraramuuf irraa dhaabachuun ergaan isaa beekama.Ergaan geerarsa rakkoo hawaasa,deega,roorroo,biyya irraa ari'atamuu, hojjetanii milkaa'uu dhabuu,qotanii gombisaa dhaabuu dhabuu,baratanii lafa yaadaan hanqachuu,ajjeesaanii mirga dhabuu,alagaan accucamuu fi kan kana fakkaatan yoo ta'u,kunis kan geeramuuf xiiqii nama qabsiisuuf.Inni hojjetee milkaa'uu dhabee kallatti irratti milkaa'uu dhabee gaafa ibsuu kan dhaggeeffatan ni barsiisa.Dhama'anii iddoo yaadaan bira gahuu hanqachuu,sabaan tuffatamuu,biyyaa ba'uun biyyatti deebi'uu dhabuun halaalaatti hafuun isaan kana furgaafachuuf geerarama.Rakkoo keessattis namoonni akka obsa godhatan ni taasisa. Hojii hojjetan keessatti rakkinni akka nama mudatu irraa hubatama. Rakkoon namoota akka hin mudannee fi karaa kam gaarii akka ta'ee fi akka hamilee godhataniif kan geeraramuudha.Namni geeraruus ergaa isaa quuqqaa garaa isaa kan baasuun geeraruun keessa eessatti boqonnaa isaaf kenna.

## 4.2. Ergaa Geerarsa Rakkoo Hawaasaa Ibsuuf Oolan

Geerarsi rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan akkuma rakkoon hawaasa keessatti baay'atuu kan baay'atuudha. Rakkoon hawaasaa tokkoo dhimmoota akka siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa kan ofkeessatti qabateedha. Ummanni Oromoo rakkoo gama siyaasaa isaa irra ga'ee ibsuu, nigeerara. Rakkoo gamaa dinagdeen mudatu, hojjetanii milkaa'uu dhabuu fi jireenya hawaasummaa keessatti miidhaa nama irra ga'uu rakkoo gama jibbaa fi jaalalaan uumaman hundaa ibsuuf ni geerarama.Geerarsi rakkoo hawaasa ibsaan kun gamaa hawaasummaan, dinagdee fi siyaasaan ergaa isaan qaban haa ilaallu.

### 4.2.1. Ergaa Geerarsa Hawaasaa Gama Dinagdeen

Hojjetanii hojii ofii keessatti milkaa'uu dhabuun nama aarsa.Tokkoo waan muraasa hojjetee yoo miilkaa'uu kaan immoo osoo hojjetuu deega.Tokko daldalee birrii gaafa horatuu tokko immoo kan ittin bitee nyaachisuun gurguree aariin waxalama.Tokko baratee iddoo gaarii gaafa ga'uu,

tokko akka hirriyyaa isaa ta’uu dhabuun isa aarsa, haalli kun immoo hawaasaa keessatti rakkoodha.Rakkina kana immoo geeraruun ergaa ofii dabarfatu.Geerarsa armaan gaditti dhihaate haa ilaallu;

1.Rakkataan fira hin qabu

Deegaan ‘tawaajii’ hin qabu

Rakkadheen fira dhabee

Deegeen ‘tawaajii’ dhabe

Geerarsa kana yoo ilaallee nama rakkataa namni akka hin jaallanne kan ibsuudha. Hawaasni namni rakkataan wabii hin ta’uu fi namni hin jaallatu jechuudha.‘Tawaaj’ kan jedhu geerarsa kana keessatti sarara lammaffa irratti kan argamuu jecha ergifatati. Walleen kun gaafa rakkate fira hin qabu; rakkadheen fira dhabee jechuun yeroo geeraru; namni gaafa qaban akka nama jallatu gaafa dhaban akka nama jibbuu ergaa isaa hubachuun nidanda’ama.

Geerarsa kanaa irraa akka hubannuutti osoo hojjetuu yeroo dheeraa hojjechaa kan ture yoo ta’uu garuu milkaa’uu hin dandeenye.Kunis rakkoo isa mudatee ibsuun rakkoo isaa keessa ba’uu fi yeroo mara hojjechaa turuu ibsa.Namnis hojiiisaanii keessatti rakkoo isaa mudatee geerarsaan kan baase himachuun quuqqaa isa baase ibsatee obsaa jechuudha.Namootatti rakkoon kana fakkatu yoo itti dhufee akka obsaniif ni jajjabeessa.

2.Hin teenye narra taa’e

Hin dhiibofne na dhibee

Ciccitaa cittoon qaba

Cittoo hiyyeessatu qaba

Waan ciccitee boo’uuf

Garaakootu waa qaba.

Geerasa kana irrattis osoo hojjeetuu nama milkaa’uu dhabeetu geerare.Namnichi geerartuun kun hojiif kan dhimmuu ta’ee osoo jiruu immoo rakkachuu isaa dubbata.Osoo hojii isaaf cimaa ta’ee

jiruu rakkoo cimaan irra ga’e.Ergaan geerarsa kanaa dhibaa’ummaa dhiisuuniyyuu osoo hojjetanii rakkachuun jiraachuu barsiisa jechuudha.

Jiruuf jireenya Hawaasaa keessatti Kun waanuma jiruudha.namni hojjetee qofa osoo hin taane osoo hojjetanii milkaa'uu dadhabuun ni jira.kanaaf geeraraan kun rakkoo jiru kana ibsa jechuudha.

3.Yaa ijoollee biyya keenya
Maal goonee biyya teenya
Qonnee gombisaa hin gunnee
Dilbiidhaan kootii hin jennee
Ajjeesne mirga fuunee
Ilaa mirga koo hin jenne
Nagannee birri horree
Ilaa birrii koo hin jenne
Giddugaleessa jirraa
Akka gudeelcha ciraa

Namichi geerartuun kun hawwaasicha keessatti hojii akka hin qabnedha.Hojii dhabuun immoo waan yaade argachuu isaa hanqise.Kun immoo jireenya dhabuu isaa ibsuu fi jireenyi isaa sadarkaa baduu irra jiraachuu isaa fi gudeelcha ciraa gidduu jechuun gaafa ciraan ibbidaan gubatu kan gubate baduuf jiruudha.Ergaa geerarsichaa yoo hojjetan malee filannoo baraan akka hin jirree ibsuuf geerarame.Hawaasni waan hojjetee ittiin milkaa’a jiruu hin qabu jechuudha.Kanaafuu,akka hojjetan akkasiin ta'un gaarii miti jechuuf kan geerarameedha.

Waluma galatti geeraraan Kun waa'ee isaa yemmuu ibsuu"qonnaan bulaa cimaa ta'e gombisaa hin qabu ykn immoo loltuu cimaa ta'e ajjeesee mirga hin qabu" jechuun dubbata.

4.Naqamteen gadi dabarraan

Gimbiidha malee maali

Kan biyyaa nama baasuu

Birriidha malee maal?

Namichi geerartuun kun daldaalaadha.daldaalli immoo adeemsa gaafata.namtichi kun garuu qarshii barbaacha mana ba'ee gara manatti deebi'uun rakkina itti ta'eera.bakki inni jiru immoo mijachuufi dideera.ergaan namtichi kun dabarfachuu barbaade qarshiif jedhani adeemsa guddisuun akka biyyaa nama baasuu fi dabalataan immoo gaabbii akka qabu Ibsa jechuudha

5.boqqolloo qonnaan badee
Garbuu  qonnaan maseene
 nutti wallaallee malee
Yeroos beelli nu seen
amma falli dhibeera
Ilman  ko beelli fixeera.

Geeraraan kun qotee bulaadha.akkasumas abbaa maatiiti.garuu rakkoon isa mudate rakkoo beelaa waan ta'eef isatti ulfaateera.qonnaan buluu Isa keessatti mudannoon Isa mudate tureera.innis bara"boqqollo qonnaan badee fi garbuu qonnaan maseene dha". nutti hin beekne malee beelli bara sana nu jalqabee jechuun fala barbaadu dadhabuu isaa dubbata.dabalatanis kan ofii koyyuu miti ilman ko beelaan dhumaniiru jechuun rakkina ulfaataa irra ga'e kana ibsata.gabaabumatti ergaan geerarsa yeroo itti furmaatni argamu,fala barbaadu dhiisuun ko miidhama hangana hin jedhamne natti fide jechuudha.

**4.2.2. Ergaa Geerarsa Gamaa Siyaasaan**

Uummanni tokko siyaasaa biyyatti keessatti adeemsifamuu yoo mijaataa hin taaneef rakkoo garaagaraaf saaxilamuu danda’uu.Geraarsi siyaasa keessatti aarii,quuqqaa, roorroo,dhiphina jibbaa ibaschuuf nigargaara.Ergaan geerarsa gama siyaasaan darbuu rakkoo jiruu kaasuun onnachisuuf,hamilee horuu fi xiiqii nama keessatti horuuf gargaara.Geerarsa armaan gaditti dhihaate haa ilaallu;

1.Yaa garbuu dhooqa keessa

Yaa aayyana jaldeessaa

Yaa seera amma dhufee

Yaa ayyaana gameessaa.

Geerartuun kun akka garbuu dhooqa keessa jechuun kan namni akka ilaaleen arguu hin dandeenye.Namni garbuu sana facaaseef rakkisaa ta’uu iyyuu bakka jaldeessi galuutti dhihoo waan ta’eef jaldeessaaf gaariidha.Kanaafuu,garbuu dhooqa keessa jaldeessaaf malee namichi facaasee bu’aa irraa hin argatu jaldeessaaf garuu in tole jechuudha. Ergaan geerarsa kanaa waa’ee jaldeessaa fi garbuun qabuun haalli seera biyyattiisaaf akka hin taane dhaama jira.Namichi ofi gameessa,taa’e ilaaluu seera biyyattitti dhufee isaaf hintaane.Garuu,dabeessi sodaate waan isaaf hin mallee akka waan isaaf ta’uutti fudhata jechuun geerara.Ergaa kana irraa tokko seerri sirri warri waan hin taaneef gamni yoo diduu dabeessi na ta’a jedha.Dabeessa ta’uun gaarii akka hin taane gamna ta’uun gaarii akka ta’e ibsa jechuudha.

2.Sangaa fardaa dulloomee

Utaalcha hin gaafatanii

Ilma namaa garboomee

Boo’icha hin gaafatani

Gaagurree moofaa taanee

Curreen nutti galte kaa

Ilma abbaa doofaa taanee

Gadheen nutti taphate kaa.

Namichi geerartuun kun miidhamuu isaa ibsaa jira.Garbummaan namicha kan irraa akka gahee isaan dura garuu, namichi geeraru kun kan bilisummaa qabu ture.Booda keessa garuu dhiibbaa isa irraa ga’e. dhiibbaa isarra ga'e kana keessa taa'e garuu seenaa isaa nama yaadataa jiruudha.seenaan isaa darbee kun Seenaa boonsaa waanta'eef, hamma sana ga'u dadhabeera jadha. "gaaguree moofaa taanee, curreen nutti galte kaa"jechuun ibsa.kana jechuun curreen ilbiisa gaaguree moofaatti galtuudha.kan dhimma hin baafnetu nutti taphate ykn nutti roorrise jechuudha.

3.Wanta jabanni fidee

Yooman dubbadhee fixee

Jabana kittaan fiddoo

Harka keessa naqannee

Jabana galabixoo

Kana keessa dhalannee

Qabannee mataa dirraa

Dirri hamma harkaa hin ga’uu

Dhalannee maqaaf jirraa

Ilmi amma abbaa hin ga’u.

Ergaan geerarsa kanaa hacuccaan akka isaa irra ga’e ibsa.Hacuccaa kana falmachuun akka hin darbeef dhaloonni akka abbootii duranii goota ta’uu dhaban jechuun aarii fi quuqqaa akkasumaas,namoota waliin tokkummaa dhabuu fi ergaa dhalanne kaayyoo dhalanneef hin rawwannee ergaa jedhu qaba.

Waluma galatti geeraraan kun nutti hamma abbootii duranii goota ta'uu hindandeenye,waliif galuu hindandeenye dha.

4.poolisii inni qallayyoon

Natti raasee mallayyoo

Foolisii inni Tigireen

Natti raaseem ciqilee

Foolisii inni kabeelaan

Rukutuuf natti qajeela.

Namichi waa meeqaan miidhame.Foolisiin hundiisaani miidhuu isaani yeroo dubbatuu namni amma koo hin geenye na miidhe jechuu isaati. Inni alagaan, inni mijateef, inni hin mijatinif miidhaan narraan ga'aniiru nama Kam biraayyuu ilaalcha hin arganne jechuu isaa hubanna.

5. Daagussaan midhaaniire

Beela'een nyaadhee malee

Garbummaan gaariidhaare

Rakkadheen taa'e malee.

Namni daagussa nyaatu

Akkamiin bifa hin ba'u

Namni waan bilisummaa yaaduu

Akkamiin bira hin ga'u

Namni geeraru kun nama yeroo dheeraaf garbummaan ykn acuucaan tureedha.garbummmaa ykn roorroon yoo irra tureyyuu garuu dheebuu bilisummaa nama qabuudha.garuu gaaffiin isaa maaliif bilisummaan dhufu jechuu isaati.haaluma kanaan kan Wal fakkaatu hawaasni jiruuf jireenya isaa keessatti Kun nimudata.rakkoon gama siyaasaan jiru kana baase ibsachuu isaati.

6.Akkkamiin rafne bullaa

Fuulduraan osoo eegnuu

Diinni boroon nu gala

Nutti jaalala jennaa

Diinni ammas nu hin ciisne

Hidhaan nu gidirsee

Qawween nu waxalee.

Geerarsi kun accuuccaa fi rakkina bara mootii darban hawaasa miidhaa ture ibsa.kana qofa osoo hin taane ammaa illee"diinni ammas nu hin ciisne"jechuun lafa kaa'a.geeraraan kun nama dhimma siyaasaan baay'ee miidhamedha.garuu miidhama sana keessa taa'e ofirraa damdamachuuf nama yaalii gochaa tureedha.akkas jechuun ibsata"akkamiin rafne bullaa, fuulduraan osoo eegnuu diinni boroon nu gala'jedha.kana jechuun diinni kallattii nuti hin beekneen miidhama nurraan ga'a jira jechuun rakkoo isaa fi kan hawaasaa lafa kaa'a.

### 4.2.3. Ergaa Geerarsa Rakkoo Hawaasaa Ibsan Gama Hawaasummaan

Jireenyi hawaasummaa keessatti waantonni nama barbaachisan hedduudha.Haa ta’uu malee, wantoota nama barbaachisan kana guuttachuun ija hirriyyaa ofii guutaanii jiraachuun rakkoodha.Waan fedhan argatani namaan qixxee jiraachuu dhabuun nama aarsaa.Tuttuqaan ollaa ofii fi nama qeequun hiriyyaas nama quuquun geerasaaf nama saaxila.Fakkeenyaaf ergaa geerarsa armaan gadii haa ilaallu;

1. Yaa ijoollee biyyaa kooti

Maan ba’e biyya kootii?

Lubbuun galteef qaqqabee

Lubbuun darbeef nan dhabee

Hafuuraa koo na mul'isaa

Mucaa koo naa guddisaa.

Namichi geeraruu kun rakkoo isaa mudate jennan erga biyyaa isaati deeme booda, biyyaa ba’uu isaaf immoo gaabbuun warri biyyaa isaan yoon du’ee fi biyyatti hin deebi’ee waan wal hin arginee fi akkan du’ee himaati.Mucaa koo immoo guddisaa yoon jiraadhef immoo yaada nan dhufa jedhu lammiiisaaf dhaama.Geerarsi kun ergaangargaarsa gochuu,obsa horachuu gaariidha jechuun ofiiisaa biyyaa deemuu isaaf gaabbee namoonni akka isaa yoo rakkatanuu akka obsan nibarsiisa.Ammas namichi kun rakkatee biyyaa deemuun lola dhaqe.Lafa lolaas halli keessa jiru rakkisaa waan ta’eef lammii isaaf dhaamsa kana dhaama.

2. Yaa iddi balbala koo
Guddattee muka hin taatu
Maaf wayya na kuttaree?
Yaa namtitti fira koo
Guddattee nama hin taatu
Duuteso biyyoo hin nyaattuu
Maaf garaa na gubdaree?

Fira isaa wajjin jiraachuu keessatti namichi geeraru kun firri waan isa rakkiseef fira isaa sana jibbuu isaa geerare.Ergaan isaa jibbaa firaa isaa irraa qabuu kan ibsuudha. Namni firaa isaa sun rakkataadha.Rakkataanis isa rakkisuu ibsa.namni yeroo hundaa walitti fufiinsaan rakkachuu hin barbaadu,firri isaa rakkate Kun garuu waan isaa nuffisiiseef dhibbaa dhibbatti jibbuu isaa mul'isa.

3. Beela’ee akaayii nyaannan

Yaa gardadamsa nan jedhu

Dheebodhee bishaan dhugnan

Yaa qaqamsa naan jedhu

Daaree moofaa uffannan

Yaa abba gayyoo naan jedhu

Waan beelli na goote

Miidhaan ga’een dubbadha

Waan dheebuun na gootee

Bishaan ga’een dubbadhaa

Waan alagaan na goote

Lammii ga’een dubbadha

Waan lammiin koo na goote

Baran fayyeen dubbadha.

Geerarsi kun gara jalqabaatti namni waan namaan jedhu hin dhabuu kan jedhu yoo ta’uu, namichi kun gaafa alagaan miidhame kan geerareedha.Gaafan bira ga’uu waan hundaa dubbachuu nan danda’a ergaa jedhu qaba.dheebuu Koo gaafan bishaan ga'een hima,beelako gaafan midhaan ga'een hima, waan lammiin koo nagodhee garuu baraan fayyeen dubbadha jechuun isaa hamma naaf mijachaa hin jiru garuu gaafa naaf mijate garuu dubbachuun ko hin ooluudha.

4.Allaattii Gaara kaatu

Alaalaatti irraa kaatu

Yaa warra fira baay'ee

Isinillee ni baatu

Anaaf warra koot badee

Kan Allaattiin nu nyaatu

Geeraraan kun nama humna hin qabne ta'uu isaa jecha isaarraa ni hubannaa.kana qofaa isaa qofa miti, fira dhabuu isaas ni argina.kana jechuun warri humnaa fi fira qaban bal'aa dhufu alaalaatti baqatu.aniif maatii ko garuu humnaa fi fira dhabuu keenyaaf bal'aaf saaxilamna jechuu isaati

5. Geerar geerar naan Jettu

Geerarin maal nagorsu

Anayyuu garaan hin obsuu

Ya ijoollee biyya ko

Ya ijoollee Oromiyaa

Jedhi naan jettaniire

Booda wa hin jettaniire

Rakkoo ko isinitti himuu

Mee furmaata na himtuu?

Geerarsi armaan olii kun kan ibsuu waa'ee nama rakkatee furmaata barbaadu dubbata.namti geeraruu kunis geeraruun amala isaati.garuu rakkina waan qabuuf geeraruu hin barbaanne.yeroo kan biroo garuu tutuqaa hin barbaadu akkasumaanu ni geerara ture.gaafa rakkinni itti heddumatu garuu tutuqqqaanu hindide.gabaabinaan ergaan namicha geerartuu kanaa rakkoof furmaata naaf barbaada ykn naaf falaa jechuu isaati.

6. Deegaan hin qotaturee

Maarashaatu hawwajee

Gindiitu seera tumee

Dhabaan hin jaallatamu

Mootiitu seera tumeere

Yo najaallattan maal qaba

Sanyii caliyyaan qaba.

Geeraraan kun qonnaan Bulaa deegaadha.sababa deegummmaa isaaf immoo firaa fi alagaan waan jibbameef gaaffiiwwan armaan olii geerarsa isaa keessatti kaasa.gabaabumatti namni tokko yoo deege alagaa qofa miti firaanillee hin jaallatamu jechuudha.geerarsa kana keessatti namtichi kun yoo deegeyyuu garuu fira ykn sanyii"caliyyaan qaba"jedha.garuu sababa hiyyummaa isaa irraa kan ka'ee firoonni isaas alagaa wajjin tokkuma turan.kanaafuu namtichi kun keessa isaatti waa'ee rakkina isaa kana yemmuu yaaduu akka waan mootiin waa'ee isaa seera baaseetti itti fakkaannaan dubbata.gaaffiin isaa kunis "akkan hin qotanne fi hin jaallatamne seeratu ba'ee"jedhee gaafata ture.rakkoon akkanaa baay'inaan hawaasa keessatti ni mil'ata.ergaan geerarsa kanaas dabarsa jechuudha.

**4.3. Ergaa Ifaa fi Dhokataa Geerarsa Rakkoo Hawaasaa Ibsan**

Geerarsi rakkoo Hawaasaa ibsu tokko ergaa ifaa ta’ee fi ergaa dhokataa qaba.Hawaasni yeroo geerarsa rakkoo isaa ibsatu yeroo baayee ergaa isaa dhokataadha.Quuqqaa namicha geeraruu saba beekutu beeka.

1. Rakkataan fira hin qabu

Deegaan ’tawaajii’ hin qabu

Rakkadheen fira dhabee

Deegeen ‘tawaajii’ dhabe

Geerarsi kan irraa ergaa salphaatti hubatamuu, nama rakkataa firri akka hin jallanne wabiillee akka hin taaneef ibsa.Erga dhokataan na gargaaraa, wabii naaf ta'aa wabiin dhabeeti jechuudha.

2. Bona na darba jedhee

Awwara boorafadhee

Ganna na darba jedhee

Corbonnoo borafadhee

Bara baraan akkanaa

Maal makaraan ammana?

Ergaa ifaan isaa namichi kun hojjetee milkaa'uu dadhabuu isaati.Ergaa dhokataan geerarsa kana immoo namni hojjeteef hin milkaa'uu yoo rabbi jedhe malee jechuudha.Kana malees waan hojii hoo nan hafnee, maal gochuun qaba jechuunis furmaata biraa na barbaachisa jechuu isaati.kanaaf ergaa ifaa mul'ata namni hundi yoo hubate iyyuu ergaa isaa dhokataan hundaaf hingalu.

3. Hin teenye narra taa'e

Hin dhiibofne na dhibee

Ciccitaa cittoon qaba

Cittoo hiyyeessatu qaba

Waan ciccitee boo'uuf

Garaa kootu aarii qaba.

Ergaa ifaan hojjetee milkaa'uu dhabuu isaa ibsa.Ergaa inni dhokataan namni hojjetee gaafa milkaa'uu dhabuu, karaa biraanis rakkoon isa mudata jechuudha.

# BOQONNAA SHAN

## GUDUUNFAA, ARGANNOO FI CUUNFAA QORANNICHAA

### 5.1. Guduunfaa

Afoolli haala afaaniin hawaasa duraan ture keessatti karaa ittiin ergaa dhaloota dhalootatti dabarfachaa har'aa ga'aniidha.Kana malees,ogafaan ogbarruu hin barreeffamin kan aadaa fi duudhaa hawaasaa tokko calaqqisisuu ta'e, hawaasa ogbarruu barreeffamaa hin qabe keessatti meeshaa guddaa bu'aa ba'ii jiruu fi jireenya keessatti nama mudatu ittiin ibsataniidha.Geerarsi immoo uummata Oromoo biratti yaada keessa ofii karaa ittiin ibsataniidha.Qorannoo kana keessatti ergaa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsanii, ergaa geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolanii hawaasichaa keessatti iddoo guddaa qabu.Akkasumallee, geerarsa kana keessatti yaada ifaa fiyaada dhokataa fayyadamuun hawaasni quuqqaa garaa isa baasee ibsata.Geerarsi uummata Oromoo biratti yaada ofii ibsachuuf, dhiibbaa siyaasaa gochuuf, dadammaqsuuf akkasumas ilaalcha hawaasaa ibsuu fi sirreessuuf nigargaara.

### 5.2. Argannoo Qorannichaa

Qorannoon ergaa xumuramani argannoon garaa garaa argaminiiru.Isaaniis, kanneen armaan gaditti eeramaniidha.

- Ergaan geerarsa rokkoo hawaasaa ibsuuf oolan maal akka ta'ee bira ga'aameera.Ergaan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsanii, hawaasi akka obsa godhatu nigodhu, nijajjabeessuu, akka namni kan darbee irraa akka baraniif akka geeraran hubatameera.
- Egaan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolanii kan akkamii akka ta'aan hubatameera.Hawaasni yeroo dhimma gargaara kan akka dinagdee,siyaasaa fi hawaasummaa keessatti waan mudatu,quuqqaa garaa isaa ibsachuuf akka geeraru barameera.
- Ergaa ifaa fidhokataan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuu ifa ta'eera. Hawaasni rakkoo isaa geerarsan yeroo ibsatu jecha ifaaf fi dhokata fayyadama.Kunis hawaasicha keessatti haala rakkisaa yoo ifaatti dubbatan jechoota rakkootti nama galchuu malan miliquuf jedhoota dhokata akka fayyadaman barameera.

## 5.3. Yaboo Qorannichaa

- Geerarsaaf namoonni baay'een hubannaa hin qaban, gareen gara amantii hambaa hordofan geerarsa akka cubbuutti waan barsiisaniif barsiisa dogoggoraa kan maqsuuf biiroon aadaa fi tuurizimii irratti hojjechuun qaba.
- Geerarsaa haala amma jiruun badaa deemaa waan jiruuf hayyoonni geerarsa rakkoo hawaasaa ibsan kana guuruun dhalootaaf kaa'uu
- Geerarsi afoolaan dhaloota dhalootatti darbaa waan har'a ga'eera.Haala durii sanan hawaasni itti fayyadamaa hin jiru.Kun immoo geerasi akka dagatamaa deemuu waan godhuuf mana barnootatti illee akka gosa barnootatti dabalamuun baratamuu yoo godhamee xiyyeeffannoo argachaa deema.

**WABIILEE**

Addunyaa Barkeessaa.(2011).Akkamtaa:yaadrimee qorannoo Hujoo.Finfinnee:Oromiyaa

Asaffaa Tafarraa. (2009).Eelaa: Seenaa Oguma Oromoo.Finfinnee: Oromiyaa

Fedhesaa Taaddasaa (2013).Subii: Barruulee Ogbarruu Oromoo.Finfinnee: Oromiyaa

Misgaanuu Gullumaa.(2011).Dilbii:Bu'uura Afoolaa:Ogafaanii fi Afwalaloo Oromoo. Finfinnee: Sub Printisprees

Wasanee Bashaa.(2008).Bantuu Haaraa.Finfinnee:Oromoo Mana Maxxansa Boolee

# DABALEWWAAN

## Dabalee‘’A’’

## GABATEEWWAN ODEEFFANNOO MANGUDDOTA IRRAA ARGAMAN

| T/L | Maqaa Guutuu. | saala. | Umurii. | Ganda. | Ga'ee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Malkaamuu Barkeessaa | Dhi | 62 | w/diillaa | Qonnaan Bulaa |
| 2 | maarituu Ittafaa | Dha | 65 | w/diillaa | Qonnaan Bulaa |
| 3 | Tamasgeen Atoomsaa | Dhi | 60 | T/gurraachaa | Qonnaan Bulaa |
| 4 | Tasgaraa Guutamaa | Dhi | 76 | W/diillaa | Daldalaa |
| 5. | Hataamuu Janbaree | Dhi | 70. | W/diillaa | Qonnaan Bulaa |
| 6 | Ejjetaa Odee | Dhi | 79 | T/gurraachaa | Qonnaan Bulaa |
| 7. | Daawit Taammiruu | Dhi | 40 | W/diillaa | Barsiisaa |
| 8. | Waggaarii Asfawuu. | Dar | 27 | 01 | Dhimma nageenyaa |
| 9 | Asteer Bulii. | Dha | 70 | W/diillaa | Qonnaan Bulaa |
| 10 | Tamasgeen Jimaa | dhi | 92 | W/diillaa | Qonnaan Bulaa |

## Dabalee‘’B’’

## GAAFFILEE AF-GAAFFIIF DHIHAATAN

1. Ergaan geerarsa rokkoo hawaasaa ibsuuf oolan maali?

2. Egaan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan kan akka akkamiiti?

3. Ergaa ifaa fi dhokataan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuu maali?

**Dabalee''C''**

## GAAFFILEE MARII GAREETIIF DHIHAATAN

1. Ergaan geerarsa rokkoo hawaasaa ibsuuf oolan maali?

2. Egaan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuuf oolan kan akkam akkamiiti?

3. Ergaa ifaa fi dhokataan geerarsa rakkoo hawaasaa ibsuu maali?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorattuun maqaafi mallttoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojiikoo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa**.**

**Maqaa Qorataa:----------------------------------------------------------------**

Mallattoo-----------------------------------

Guyyaa--------------------------------------

**Maqaa Gorsaa------------------------------------------------------------------**

Mallattoo------------------------------------

Guyyaa---------------------------------------